

سُورَةُ الْمُؤْمِنُونَ

Suuraa Mu`minuun

*Dura dursoo suuran tun suuratulmu'minuunaje'anti

قبل كل شئ هذه هي سورة المؤمنون

*Isiin suraa rnakkaati.

وهي سورة مكية

*Aayaanni isi'ii dhibbaafii kudha saddeeti {118} .

وآياتها مائة وثمانية عشر ١١٨ آية

*Lakkooyisi isi'ii diiddarnii sadii {23} .

وترتيبها ثلاث وعشرون (٢٣)

*Isiin eega {suuratul'anbiyaa'ii} buute.

نزلت بعد سورة الأنبياء

*Jalqabni maqaa Rabbii rahgmata guddaadhaa, xiqqaadhan nama qananiisutii.

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

1} *Warri Rabbitti amane kan Rabbii dhugo'oomse ,kan ergamoota isaa ,ma-laaykaa isaa, kitaabban isaa, guyyaa qiyaama'aa dhugo'oomse, kan wahayyuu Rabbumaatu fedhee, Rabburnaatu argamsiisee yaadu, dhugumaan

قَدْ أَفْلَحَ الْمُؤْمِنُونَ ﴿١﴾

2} *Warri milkaaye, warra salaata isaanii

الَّذِينَ هُمْ فِي صَلَاتِهِمْ خَاشِعُونَ ﴿٢﴾

keessatti Rabbiif gad je'u, keessafii gubba'alle'een, salaata keessatti, qaaman, takaayuu gubbaadhan Rabbiif gad je'uun ,adaba salaataa eeggatuu ,mimil'atuu dhabuu, akka malee dhaabbatanii,akka malee taa'uu dhabuu, ammoo garaadhan ,takkaa keessan salaata keessatti Rabbiif gad je'uun ,hoggaa salaatan,qalbiidhan guddina Rabbii yaaduu, waan qara'an hunda , makgnaa isaa gad qabee laa lu', qalbii yaada addunya'arraa muru' , salaata nama addunya'arraa dhaammatee godaanuu salaatuu, salaanni utuba diini, namni isii dhaabe diin dhaabe, narnni isii dhiise, diin diige, salaanni waan Rabbiifii gabricha isaa walitti hidhu, kan mu'mintootallee walitti hidhu.

*Isaan warra waan faaydaa isaanii hin qabneraa,

وَالَّذِينَ هُمْ عَنْ

3} *Gara galu, warra waan addunya'afii aakhira'atti isaan fayyadu malee, waan biraa hin dalayne, hin jenne, wanytii isaanii hin balleessine

اللَّغْوِ مُعْرِضُونَ ﴿٣﴾

4} *Isaan warra zakaa baafatu .

وَالَّذِينَ هُمْ لِلزَّكَاةِ فَاعِلُونَ ﴿٤﴾

5} *Isaan warra bakka dhalaniin, takkaa dhalchaniin, waan Rabbi irraa dhoow-werraa dhoowwu.

وَالَّذِينَ هُمْ لِأُزْوَاجِهِمْ حَافِظُونَ ﴿٥﴾

*Yoo beera isaanii taate malee, dhalaa nikaahg godhatan malee, yookaa gula-nteeffatan malee, dhalaa biratti kan ida'amne, isinis yoo jaarsa isi'ii taate malee , dhiira biratti kan ida'amne .

إِلَّا عَلَىٰ أَزْوَاجِهِمْ

*Takkaa dhalaa mirgi isaanii hadhureeffate malee, sun gabritti ifiitii gaafa gabri.jiru,gabritti ifii nikaadhan malee wajji rafuun ni gayaa,

أَوْ مَا مَلَكَتْ أَيْمَانُهُمْ

6} *Isaan beera isaanitiifii gabritti isaanitti ida'amani'iif jecha,hin yakkaman, hin qabaman.

فَأَيْمَانُهُمْ غَيْرُ مَلُومِينَ ﴿٦﴾

*Namni beerafii gabrittii ifii malee, waan biraa, sanii achitti barbaade, takkaa dalage {akka harkaan bishaan ifiraa basu'uufaa harka jaarti'ii kan hin tayin yoo zinaa sodaate malee},

فَمَنْ أْبَتَغَىٰ وِرَاءَ ذَلِكَ

7} *Isaani warri wasana dabree waan Rabbiin halaala god he dhiisee,waan Rabbiin haraamesse dalage

فَأُولَٰئِكَ هُمُ الْعَادُونَ ﴿٧﴾

*Ammas warri milkaaye, warra amaanaa isaanii, waan namni isaan bira ka-ayate,

وَالَّذِينَ هُمْ لِأَمْثَلِهِمْ

*Baallama namaaf yookaa Rabbiif seenan kan akka salaataa,

وَعَهْدِهِمْ

8} *Tiysu,warra amaanan biratti hin banne, kanneen waan Rabbiin isaanirratti wajjabsiise hin dhiifne,kanneen waan inni irraa dhoowwe hin dalayne, kun hun dinuu, amaanaa tiysuu je'amaa,

رَاعُونَ ﴿٨﴾

9} *Isaan milkaayan warra salaata isaanii tiysanii waytii keessatti salaatan gutanii

وَالَّذِينَ هُمْ عَلَىٰ صَلَوَاتِهِمْ يُحَافِظُونَ ﴿٩﴾

*Warri waan dubbaneen beekkame, sa-

أُولَئِكَ

laata keessatti Rabbiif gad je'ee ,waan faaydaa hin qabne hunda dhiisee , qaawa jalaa lamaan haraamirraa eegee, amaanaa tiysee, baallama guuttee, salaata waytii isaa keessatti guuttee salaate, isaan waan kanaan tilmaamaman sun,

10}*Isaani warri jannata keessatti dhaalu

هُمُ الْوَارِثُونَ ﴿١٠﴾ الَّذِينَ يَرِثُونَ

*Bakka {firdaws} je'amtu, isiin bakka jannata keessaa irraa oliitii,

الْفِرْدَوْسِ

11}*Isaan jannata san keessa zalaalamii taa'anii qanani'an .

هُمْ فِيهَا خَالِدُونَ ﴿١١﴾

*Dhugumaan abbaa namaa aadam uumnee jirra,

وَلَقَدْ خَلَقْنَا الْإِنْسَانَ

12}*Gosa biyye'ee hedduu kan bordoda godhamerraa,tanaaf bifti namaa wal dhabdi

مِنْ سُلْطَانٍ مِّنْ طِينٍ ﴿١٢﴾

*Eegasii nama biyye'erraa uumne san, maniyyii yookaa bishaan namni irraa dhalatu goonee, maniyyii aadamirraa ilmaan isaa uumne,

ثُمَّ جَعَلْنَاهُ نُطْفَةً

*Bakka maniyyiin yookaa bishaan ilmoo tayu taa'u keessatti, sun gadaamessaa

فِي قَرَارٍ

13}*Gadaameysa jabaa, saniif qopheffame, kan wanni itti naqame badu'urraa tiyfame.

مَكِينٍ ﴿١٣﴾

*Eegasii bishaan dhala'aa dhiirarraa bayee , gadaamessa jiru san,dhiiga ititaa goone,

ثُمَّ خَلَقْنَا النُّطْفَةَ عَلَقَةً

*Duuba eega sanii foon goone,

فَخَلَقْنَا الْعَلَقَةَ مُضْغَةً

*Duuba foon san lafee goone,

فَخَلَقْنَا الْمُضْغَةَ عِظْمًا

*Eegasii lafee san foon uwwifne,

فَكَسَوْنَا الْعِظْمَ لَحْمًا

*Eegasii uumaa biraa isa uumne uumaa biraa isa uumun lubbuu itti afuufu'uu addunya'atti gad bayu'uu akkasuma waan biraa kan akka ilke'ee faa qaama isaa

ثُمَّ أَنْشَأْنَاهُ خَلْقًا آخَرَ

keessatti uumu'u,

*Rabbiin taye, guddate,

فَبَارَكُ اللَّهُ

14} *Kan warra waa sawwaru hundarra caalu.

أَحْسَنُ الْخَالِقِينَ ﴿١٤﴾

15} *Duuba eega akkasitti uumamtanii, jiraattanii, ni duutan.

ثُمَّ إِنَّكُمْ بَعْدَ ذَلِكَ لَمِتُونَ ﴿١٥﴾

16} * Ammas eegasii isin guyyaa qiyaa-rna'aa ni jiraachifamtanii, qabri'ii kaafamtan, waan isin addunya'arratti dalay-danirraa isin gaafatu'uu jecha, sun eega garriin larnneysa'aa afuufamtee tayaa.

ثُمَّ إِنَّكُمْ يَوْمَ الْقِيَامَةِ تَبْعُونَ ﴿١٦﴾

*Dhugumaan is in gubba'atti uumnee jirra,

وَلَقَدْ خَلَقْنَا فَوْقَكُمْ

*Samii torba,an war gubba'aa, tan isii keessa karaa malaaykan buutee baatun goone,

سَبْعَ طَرَائِقَ

17} *Nutu warra samii jala jiru hin dagganee ,akka samiin isaanirraa hin kufne ir raa qabna .

وَمَا كُنَّا عَنِ الْخَلْقِ غَافِلِينَ ﴿١٧﴾

*Bishaan sami'irraa buufuee jirra,

وَأَنْزَلْنَا مِنَ السَّمَاءِ مَاءً

*Hanga isaanif gayuun ,

يَقْدِرُ

*Duuba bishaan san dachii kheessafii gubbaa teessifne

فَأَسْكَنَهُ فِي الْأَرْضِ ط

18} *Nutu bishaan san deemsifnee akka duutan isin godhuu dandeenya.

وَأِنَّا عَلَىٰ ذَهَابٍ بِهِ لَقَادِرُونَ ﴿١٨﴾

*Bishaan sami'ii bu'e saniin masnoo isinii magarsinee, masnoo isinii baafne ,

فَأَنْشَأْنَا لَكُمْ بِهِ جَنَّاتٍ

*Masnoo timiraa,

مِنْ نَخِيلٍ

*Ammallee masnoo inabaa isinii magarsine ,mukni kun lamaan, irra hedduu waan arabni beekuti,

وَأَعْنَبٍ

*Masnoo san keessa asheeta yookaa midhaan mukaa hedduudhatu isiniifjira,

لَكُمْ فِيهَا فَوْكِهُ كَثِيرَةٌ

19} *Midhaan masnoo sanirraa nyaattan

وَمِنْهَا تَأْكُلُونَ ﴿١٩﴾

*Ammallee bishaan saniin muka zaytuu naa kan gara {xuuri saynaa} je'amurraa bayu, magarsine ,

وَشَجَرَةً تَخْرُجُ مِنْ طُورِ سَيْنَاءَ

*Muka dhadha'aan mayru takkaa zeytii qabu,

تَنْبُتُ بِالذَّهْنِ

20}*Zeytii warra waa nyaatuf buusaa,

وَصَبْغِ اللَّائِكِينَ ﴿٢٠﴾

habishii taatu an hoggaa tuqaniin waan tuqataniin san hallu, zeytuunni dura dursoo gaara {xuuri saynaa} je'amurratti argame, inni muka akkaan umrii dheeratu inni ejarsuma fakkaatee, ammoo kan nuti biyya teenyatti {zeytuuna} jennuun isaa miti isa keenya kanaan warri misra {gawaafaa} jawaafaa je'a .

* Ammas beyladaa keessa {gaala, horii, re'ee} keessa,

وَإِنَّ لَكُمْ فِي الْأَنْعَامِ

*Waan gorsa isinii tayuutu jira, kan saniin qananii Rabbii keessanii gartanii, itti amantanii, galata isaaf galchitan,

لَعِبْرَةٍ

*Nutu waan garaa beylada'aa keessa jirurraa aanan xaliila, isin hin huune, isin obaafna,

تُسْقِيكُمْ مِمَّا فِي بُطُونِهَا

* Ammallee faaydaa heddu'uutu beyladaa keessa isinii jira, kan akka rifeensaa, goga'aa,

وَلَكُمْ فِيهَا مَنَافِعُ كَثِيرَةٌ

21}*Beyladaadharraa foon nyaattan.

وَمِنْهَا تَأْكُلُونَ ﴿٢١﴾

22}*Gaala yaabbataniiti biyya takkarraa

وَعَلَيْهَا وَعَلَى الْفُلْكِ تُحْمَلُونَ ﴿٢٢﴾

biyya takka isin geessa lafarra,ammoo bahara keessa safiinaa,yookaa doonii yaabbataniiti biyya takkarraa takka isin geessiti,meeshaa teesaniin wajji {fulki: doonii} {safiinaa} Rabbiin waan dandeytii isaa mull'isu , afur dubbate sun: uumaa namaa, kan tarkaanfii sagalirra dabre, samii torba nuu gubba'atti uumee, nurraa qabu', bishaan sarni'ii buusu, uumaa beylada'aa, sun waan nama hundaaf uumame, kan nama hundaaf gorsa tayu.

□

*Dhugumaan {nuuhg} ummata isatti er ginee jirra,

وَلَقَدْ أَرْسَلْنَا نُوحًا إِلَىٰ قَوْمِهِ

*Erginaan itti dhaqee,yaa ummata kiyya Rabbii keessan dhagayaa, waan isiniin je'u dalagaa ,tokkummaa isaa yaa daa .waan biraatin Rabbi hin je'inaa ,isa

فَقَالَ يَا قَوْمِ أَعْبُدُوا اللَّهَ مَا لَكُمْ مِنْ إِلَهٍ غَيْرُهُ

malee Rabbiin biraa isiniif hin jiruu,
23} *Si qixaaxa Rabbi hin sodaattanii?
Kan yoo waan biraa gabbartan isin qix-
aaxu

أَفَلَا نُنْفِقُونَ ﴿٢٣﴾

*Jennaanin warri gurguddaan ummata
isarraa kafare, warra isaa jala deemun
akki je'e:

فَقَالَ الْمَلَأُ الَّذِينَ كَفَرُوا مِن قَوْمِهِ

*{Nuuhi} namuma akka keessaniiti
malee waan biraatii mitii,

مَا هَذَا إِلَّا بَشَرٌ مِّثْلُكُمْ

*Isinirra caaluu fedhaa, mataa isinii
tayee,

يُرِيدُ أَنْ يَنْفَضَلَ عَلَيْكُمْ

*Rabbiin odoo karaa diinaa isaa nama
qajeelchuu fedhe

وَلَوْ شَاءَ اللَّهُ

*Silaa malaaykaa buusee erga, namaa
mitii,

لَأَنْزَلْ مَلَائِكَةً

24} *Towhgiida {nuuhg} itti nu yaamu
kana ,abaabuu teenya ta dabarte kees-
satti hin dhageenyee.

مَا سَمِعْنَا بِهَذَا فِي آبَائِنَا الْأُولَى ﴿٢٤﴾

*Inni nama maraatun itti jirtu malee,
nama fayyaa qabuu mitii,

إِنْ هُوَ إِلَّا رَجُلٌ بِهِ جِنَّةٌ

*Mee eegaa, ittin amanina'aa,

فَرَرْتُمْ بِهِ

25} *Hanga inni du'uu, yoo du'uu baate
ajjeesaa waliin je'an.

حَتَّىٰ حِينٍ ﴿٢٥﴾

26} *Duuba nuuhg yaa Rabbi waan isa-
an na kijibsiisaniif naa dirmadhuu lafa-
rraa isaan fixii je'e. duuba Rabbiin du-
'aa'ii isaa qeebalee, yookaa eehameefii
akka je'e:

قَالَ رَبِّ انصُرني بِمَا كَذَّبْتَنِي ﴿٢٦﴾

*Duuba nuuhgitti dhaamne,takkaayuu
jenneen,

فَأَوْحَيْنَا إِلَيْهِ

*Doonii yookaa safiina tolchi

أَنْ اصْنَعْ الْفُلْكَ

*Odoonuti si arguu, yookaa si eeynuu,

بِأَعْيُنِنَا

* Ajaja keenyan,amrii teenyan nuti si
barsiisu'uun, duuba bara lama keessatti
jaare dheerinni isi'ii dhuudhuma 80 ba-
l'inni 50,

وَوَحَيْنَا

*Duuba hoggaa azaabni keenya kan
isaan fixu dhufe yookaajalqabe

فَإِذَا جَاءَ أَمْرُنَا

*Eelun takkaa qibaaban burqe , bish-

وَفَكَرَ التَّائِبُونَ

Aan jalaa burquun asxaa azaabni dhufu'uuti, qibaabni kun kan aadami inni dhaga'arraayi. Jiawwaan isaan biddeena baafatuu turte ,qibaabni kun odoo walirraa dhaalamuu nabi {nuuhg} gaye, bakkeen gaafas nuuhgjiru {kuufa},biyya iraaq,takkaa bakka {kgee-ynulwardaa} je'antu tan biyya shaami,duuba Rabbiin nabi nuuhgin akki je'e: yoo eeluu takkaa qibaaba yookaa badaa bishaan baase garte,

*Safiinaa jaarte san keessa seensisi,

فَأَسْأَلُ فِيهَا

*Waan bineensa taye, hundarraa gosa

مِنْ كُلِّ زَوْجَيْنِ آتَيْنِ

lama lama lama,dhala'aa dhiira,waan ilmoo dhaluufii waan khillee dhalu hunda,waan wahirraa dhalatu kan akka raammo'oo malee, wanni odeeffa me: wanni bineensa taye hundi nuuhgif walitti qabameeti, harka lamaa nin dhayee, mirgi dhiirarraa bu'ee , bitaan dhala'arraa bu'ee, akkasitti safiinaa yaabbachiise□

*Jaartii teetifii ilmaan kee ,doonii san yaabbachiisi,

وَأَهْلِكَ

*Warra keetirraa yoo nama Rabbiin,

إِلَّا مَنْ سَبَقَ عَلَيْهِ الْقَوْلُ مِنْهُمْ

haa badanii je'ee,dabarse taate malee isaan jaartii isaa ta kaafiraatifii, ilma isaa kan isiin dhalte, {kankgaani},ammoo ilmaan {nuuhg} sadeen, kuun saamifii, hgaamifii,yaafith,haadha isaanitiifii beera isaanitiin wajji , isaan mu'minaa, warra safiinaa yookaa doonii yaabbatee nagaya baye, kan jaartin tuunifii ilmi isi'ii galaafaman, Rabbiin nabi nuuhgin akki je'e, □

*Yaa nuuhg warra kafare if miidhe, najaa baasi jettee nan khadhatin, kan akka ilma kee kan kgaaniifaa kan akka warra si kijibsiisee,

وَلَا تُحَاطَبُنِي فِي الَّذِينَ ظَلَمُوا

27} *Isaan akka badan, firidiin itti godhamee.

إِنَّهُمْ مُّعْرِضُونَ ﴿٢٧﴾

*Duuba hoggaa siifii warri si walji jiru doonii san yaabbattan,

فَإِذَا أَسْتَوَيْتَ أَنْتَ وَمَنْ مَعَكَ عَلَى الْفَلَكَ

28} *Galanni kan Rabbiiti, Rabbii kuffaara fixee,balaa isaanii jalaa nagaya nu baase, ji'ii, galata naa galchi.

فَقُلِ الْحَمْدُ لِلَّهِ الَّذِي يَجْنُبُنَا مِنَ الْقَوَارِ الظَّالِمِينَ ﴿٢٨﴾

*Hoggaa dooni'irraa buutee, gaara juu-

وَقُلِ

diyyii je'amu gubbaa doonin teesse wanni-jettu:

*Yaa Rabbi lafa tanarraa, bakka gaarii barakaa qabdu, na qubsiisi,
29} *Ati irra caalaa, warra bakka namatti godhuutii ,takkaa qubsiisutii, safiinan nuuhg bishaan gubbaa baati jaha teesse gaara {juudiyyi'irra} bu'uun isi'ii kurneessaa baatii ashuura'aati.

رَبِّ أَنْزَلْنِي مِنْ لَدُنْكَ

وَأَنْتَ خَيْرُ الْمُنزِلِينَ ﴿٢٩﴾

*Nuuhgifii, safiinaa isaatifii warra isa kijibsiise balleessuu keessa,

إِنَّ فِي ذَلِكَ

*Ragaa yookaa akkeekkaa dandeytii Rabbiitujira,

لَايَتٍ

30} *Nutii ummata nuuhg mokkorree jirra, nuuhg itti erginee akka amananii jala deeman laalu'uuf.

وَإِنْ كُنَّا لَمُبْتَلِينَ ﴿٣٠﴾

*Eega ummata nuuhgii uumnee finnee jirra,

مُرَّأَشَانَا مِنْ بَعْدِهِمْ

31} *Ummata biraa isaan {aad} ummata {huudii}.

قَرْنَا ءآخِرِينَ ﴿٣١﴾

*Duuba isaanitti ergine,

فَأَرْسَلْنَا فِيهِمْ

*Ergamaa gosa isaanirraa taye, inni {huudii}

رَسُولًا مِنْهُمْ

*Duuba isaanitti dhaqee wanni isaanin je'e: yaa ummata kiyya, Rabbi tokkicha ibaadaa, waan biraa Rabbi achitti gabbaruu dhiisaa,

أَنْ أَعْبُدُوا اللَّهَ

*Rabbi tokkicha, na erge malee, Rabbi biraa hin qabdani,

مَا لَكُمْ مِنَ إِلَهِ غَيْرِهِ

32} *Si yoo Rabbi tokkichatti kafartan isin qixaaxuu hin sodaattanii? azaaba isaa sodaadha'aa itti amanaa jechu'u.

أَفَلَا نُنْقِوْنَ ﴿٣٢﴾

*Warri gurguddaan ummata isarraa kafare,

وَقَالَ الْمَلَأُ مِنْ قَوْمِهِ الَّذِينَ كَفَرُوا

*Kan guyyaa qiyaama'atifii waan isa keessa dhufu dhugo'oomsuu dide,

وَكَذَّبُوا بِلِقَاءِ الْآخِرَةِ

*Kanneen waa hunda kennineefii, jiruu addunya'aa itti bal'ifne, akki warra isaan jalaatin je'e:

*{Huudin} kun namuma akka keessa-niiti malee, waan biraatii mitii,

*Waanuma is in nyaattanirraa nyaataa,

33}*Waan isin dhuydanirraa dhugaa.

*Duuba yoo nama akka keessanii dubbii isaa dhageessanii jala deemtan,

34}*Isin gaafas warra khasaarama, warra lubbuu teessan xiqqeesse isa jala deemu'uun.

*Si isiniinje'aa ?,

*Isin hoggaa duutanii biyyee taatan,

* Akkasuma lafee dhumte taatan ,

35}*Lammada jiraachifamtanii, qabri'ii baafamtan, takkaa dhabamarraa jiru'utti deebitan isiniin je'aa .

36}*Wanni inni isiniin je'u waan fogo'o .jiraachifamtaniiti qabri'ii kaafamtaniin inni je'u waan hin taane.

* Jiruun teenya tanuma addunya'aa tana malee j iruun biraa hin jirtu ,

*Nutu hanga jiraanne jiraanneti, eegasii duuna,

*Nutu eega duunee ilmaanuma keessan jiraanna melee, lammada mataa keenyan jiru'utti hin deebinu,

37}*Nutu jiraachifamnee qabri'ii hin kaafamnu.

*{Huudin} akkas nuun je'u sun, nama kijiba Rabbirra kaayu malee, nama dhugaa dhubbatuu mitii,

38}*Nutu waan inni je'u keessatti isa

وَأَرْفَنَّهُمْ فِي الْحَيَاةِ الدُّنْيَا

مَا هَذَا إِلَّا بَشَرٌ مِّثْلُكُمْ

يَأْكُلُ مِمَّا تَأْكُلُونَ مِنْهُ

وَيَشْرَبُ مِمَّا تَشْرَبُونَ ﴿٣٣﴾

وَلَيْنَ أَطْعَمَهُم بَشَرًا مِّثْلُكُمْ

إِنَّكُمْ إِذَا لَخَّسِرُونَ ﴿٣٤﴾

أَيَعِدُّكُمْ

أَنْتُمْ إِذَا مِتُّمْ وَكُنْتُمْ تُرَابًا

وَعِظْمًا

أَنْتُمْ مُخْرَجُونَ ﴿٣٥﴾

❖ هَيَّاتَ هَيَّاتَ لِمَا تُوْعَدُونَ ﴿٣٦﴾

إِنَّ هِيَ إِلَّا حَيَاتُنَا الدُّنْيَا

نَمُوتُ

وَنَحْيَا

وَمَا نَحْنُ بِمَبْعُوثِينَ ﴿٣٧﴾

إِنَّ هُوَ إِلَّا رَجُلٌ افْتَرَىٰ عَلَى اللَّهِ كَذِبًا

وَمَا نَحْنُ لَهُ بِمُؤْمِنِينَ ﴿٣٨﴾

hin dhugo'oomsinu je'anii, itti kafaran
kijibsiisanii

39} *Isaan itti amanuu didanii kafarraan, nabi huud wanni je'ee Rabbi khadhate: yaa Rabbii khiyyaa, ummata khiyya khanarratti naa turnsii, balaatti buusii lafarraa fixi, waan isaan dubbii tiyya dhagayuu didanii ,na kijibsiisaniif.

*Duuba Rabbiin huudin, tole je'ee, akki je'een jarri kun yaroo xiqqoo booda,
40} *Sheenayu'uuf taa'an, maalif kafaree huud kijibsiifne je'anii?

*Duuba iyyansi azaabaa kan jibriil itti iyye isaan fuudhe,

*Haqaan, kan isaan miidhuu hin tayin, iyyansa jabaa sababaa isaatin dachiin sossootee jalaa cittee dhumanii

*Akka citaa, goggagee galaanni fuudhee goone,

41} *Rahgmata Rabbirraa fagaatun war-

ra kafaree if miidhetti murame takkaa warri kafare rahgmatarraa haa fagaatuu. urmanni huud kan {iram} je'arnu biyya {hgadarmawti} amma je'arntu, tan dur {ahgqaaf} je'amtu, taa'uu turan isaan orma jajjabaa namni akka isaanii hin jirre waa hunda keessatti, ormi irarn je'amu kun orma dura dursoo eega zamana nabi {nuuhg} bishaan lafa balleessee dhufee, mandarumnaa addunyaa tana hundarratti gad dhaabee bal'ise. □

*Amrnas eega umrnata nuuhgifii, huu-dii , finnee jirra, uumnee jirra,

42} *Ummata biraa hedduu kan akka ummata {sgaalihg} ummata {ibraahiim luux} ,duuba anbiyoota isaanii kijibsiisanii balaa isaanitti buufne, waytii feenetti isaan fin'e.

*Ummanni tokkolleen ajala isaa dura hin dabru, waytii isa qixaaxu'uuf, Rabbiin qabe dura, du'ee, ummanni tokkolleen hi dabruu, yaruma san eegaa,

قَالَ رَبِّ أَنْصُرْنِي بِمَا كَذَّبْتَنِي

قَالَ عَمَّا قَلِيلٍ

لَيُصْبِحَنَّ نَادِمِينَ

فَأَخَذَتْهُمُ الصَّيْحَةُ

بِالْحَقِّ

فَجَعَلْنَاهُمْ عَشَاءَ

فَبَعْدًا لِلْقَوْمِ الظَّالِمِينَ

ثُمَّ أَنْشَأْنَا مِنْ بَعْدِهِمْ

قُرُونًا آخَرِينَ

مَا تَسْبِقُ مِنْ أُمَّةٍ أَجْلَهَا

43} *Waytii sanirraayis boodan aanan,

وَمَا يَسْتَخِرُونَ ﴿٤٣﴾

waytii Rabbiin isaan fixuudhaa isaanii qaberraa du'uu oolaanii, takkaa azaabni itti bu'uu oolee, booda hin aanan, Rabbiin waytii cunqursaa balleessu godhee jiraa.isaan□

*Eega ummata dubbanneetii ummata biraa finneeti ergamoota hedduu isaanitti ergine,

ثُمَّ أَرْسَلْنَا رَسُولَنَا

*Ergamoota wal faana dhufe, kan yarooon dheertun, ergamoota lama hunda jidduu jirtu,

تَرَا

*Ummanni hundi hogguma ergamaan isaanii itti dhufe mara,

كُلِّ مَا جَاءَ أُمَّةً رَسُولُهَا

*Kijibsiisaniiti itti kafaran ,

كَذَّبُوهُ

*Duuba ummata san wal jala oofnee garii isaanii,garii duukhaa deemsifuee fin'ee dabarsinee,

فَاتَّبَعْنَا بَعْضَهُمْ بَعْضًا

*Dubbi isaanii odu duroo goone, waan namni odessee ajaa'iba godhu taasifne,

وَجَعَلْنَاهُمْ أَحَادِيثَ

44} *Warri Rabbitti hin amanne rahgmata keenyarraa zalaalamii haa fagaatuu.

فَبَعْدًا لِقَوْمٍ لَا يُؤْمِنُونَ ﴿٤٤﴾

45} *Eega ummata saniitii nabi muusa'a afii obboleessa isaa haaruun erginee jirra , aayataafii mukgjizaa teenya mul'attu'un.

ثُمَّ أَرْسَلْنَا مُوسَىٰ وَأَخَاهُ هَارُونَ بِآيَاتِنَا

وَسُلْطَانٍ مُّبِينٍ ﴿٤٥﴾

*Firkgawnafii , warra gurguddaa isaan wajji jirutti .

إِلَىٰ فِرْعَوْنَ وَمَلَئِهِ

*Duuba aayataafii mukgjizaa teenya dhugo'oomsuu ,dhagayuu didanii Rabbitti amanu'urraa if guddisanii, kafaran,

فَأَسْتَكْبَرُوا

46} *Isaan warra if guddisu kan nama biraa cunqursu, keessattuu banii israa'iil akkaan miidhan .

وَكَانُوا قَوْمًا عَالِينَ ﴿٤٦﴾

*Wanni isaan je'an si nama, lama kan akka keenyati dhugo'oomsinaa jala deemnaa?

فَقَالُوا أَتُؤْمِنُ لِبَشَرَيْنِ مِثْلِنَا

47} *Kan gosti isaanii nu gabbartu isaan banii israa'iilii .

وَقَوْمُهُمَا لَنَا عَدِيدُونَ ﴿٤٧﴾

48} *Akkasitti ergamoota keenya lamaan kijibsiisanii, warra baderraa tayan, baharri isaan liqimsee.

فَكَذَّبُوهُمَا فَكَانُوا مِنَ الْمُهْلِكِينَ ﴿٤٨﴾

*Nabi muusa'aaf kitaaba towraat je'amu kenninee jirra ,

وَلَقَدْ آتَيْنَا مُوسَى الْكِتَابَ

49} * Akka ummanni banii israa'iil isaan

لَعَلَّهُمْ يَهْتَدُونَ ﴿٤٩﴾

qajeelaniiftowraat isaa kennuun, eega firkgawnaafii ummanni isaa badeeyi muusan hoggaa takkatti towraat fudhate, akka qur'aanatti xiqqo xiqqoon bara hedduu 23 keessatti hin buunee.

*Nabi kgiisa'aafii haadha isaa maryam mikgjizaa goonee jirra, abbaa malee isiin isa dhalu'uun ,

وَجَعَلْنَا ابْنَ مَرْيَمَ وَأُمَّهُ آيَةً

*Kgiisa'aafii haadha isaa qubsiifnee jirra, takkaa galchinee jirra,

وَأَوَّيْنَاهُمَا

*Bakka addunyaa tanarraa irra ol fuudh-

إِلَى رَبْوَةٍ

amtu'utti,tan sarni'itti irra ol dhiyaattu, bakkeen ol fuudhamtuun sun beytulmaqdisi {qudsi} takkaa dimishqa, wanni Rabbiin tulluu sanirraa qubsiisef, mootii zamana saniititu.isaan ajjeessu'uu ka'e, hoggas haati fuutee gaara saniin kortee amata kudha lama achi taa'anii, mooticha sun duunan, bu'an,

*Tulluun isaan koran sun, bakka gaarii irra qubatuu taatu,

ذَاتِ قَرَارٍ

50} *Tan bishaan dirree bayee yaa'u qabdu, kan ijji agartu,

وَمَعِينٍ ﴿٥٠﴾

*Yaa ergarnoota Rabbii ,

يَتَأْتِيهَا الرُّسُلُ

*Waan gaarii Rabbiin halaala godhe nyaadhaa,dhugaa

كُلُوا مِنْ الطَّيِّبَاتِ

*Waan gaarii {fardi'iifii sunnaa}dalagaa

وَأَعْمَلُوا صَالِحًا

51} *An waan isin dalaydan hunda nan beekhaa.

إِنِّي بِمَا تَعْمَلُونَ عَلِيمٌ ﴿٥١﴾

*Diinan keessan kun diin tokkoo, sun diinaa yookaa amantii islaamatii,

وَإِنَّ هَذِهِ أُمَّتُكُمْ أُمَّةً وَاحِدَةً

52} * An Rabbii keessanii na sodaadhaa

وَأَنَا رَبُّكُمْ فَاتَّقُونِ ﴿٥٢﴾

waanani itti isin ajaje dalagu'uun, waanan irraa isin dhoowwerraa dhoowwamu'uun je'ee ,anbiyoota yookaa ergamoota hundaaf Rabbiin dhaa-

me .ummata isaanitiin wajji, Diin anbiyoonni hundi dhufeen Rabbii tokkichatti arnanuu, malaaykaa, kitaabban Rabbii, ergamoota isaa, guyyaa qiyaama'aa dhugo'oomsuu,kun diin yookaa arnantii islaamati je'amaa, Rabbiin diin kana qabadhaa je'ee anbiya'aafii umrnata isaanitiif dhaame.

*Duuba warri anbiyootarraa hafe diin

فَقَطَّعُوا أَمْرَهُمْ بَيْنَهُمْ زُبُرًا

yookaa amantii isaanii adda babaasan yookaa qoodan tuuta tuuta tayanii ,kun yahuudii tayee , kuun nasgaaraa,takkaa majuusii tayee ,takkaa warra amantii biraa qabu tayee,

53} *Kan tuutti hundi,waan diinaa jettee qabatteen gamrnaddu haqaje'anii .

كُلِّ حِزْبٍ بِمَا لَدَيْهِمْ فَرِحُونَ ﴿٥٣﴾

*Orma kuffaaraa kan si kijibsiise san itti dhiisi,

فَذَرَهُمْ

* Jallina isaanii keessatti dhiisi,

فِي عَمْرَتِهِمْ

54} *Hanga du'anitti, takkaa dhumanitti .

حَتَّىٰ حِينٍ ﴿٥٤﴾

55} *Si waan nuti hori'iifii ilmaanirraa addunyaa tana keessatti isaanii kenninu.

أَيَحْسَبُونَ أَنَّمَا نُمِدُّهُم بِهِ مِن مَّالٍ وَنَبِينٍ ﴿٥٥﴾

*Kan toltuu isaanii jarjarsuuu jecha isa-

نَسَارِعُ لَهُمْ فِي الْخَيْرَاتِ

anii kennine seyanii ? waan kheyrii isaaniin fedhu'uu jecha diinagge'e efii ilmaan isaanii kennine seyanii? akkas hin seyin dub biin akka isaan seyanii mitii, wanni isaanii kennineef akka isaan Rabbiin waan nuti dal aynu jaalalaaf nuu kenne, je'anii jallina keessa fagaatanii azaaba ida'ata ni'iifi, maalif, Rabbiin addunyaa tana nama jaalatuufii kan hin jaalanneef kenna, ammoo diin

namajaalatu qofaafkenna,

56} *Haa tayuu kuffaarri wanni rabbiin waan isaanii, kenne san isaanii kenneef akka yoo amanuu didan azaaba kufr-i'irratti azaaba galata isaaf galchu dhabu'uu ida'ataniifii, hin bee khan

بَلْ لَا يَشْعُرُونَ ﴿٥٦﴾

* Ammoo warri sodaa Rabbirraa,

إِنَّ الَّذِينَ هُم مِّنْ حَشِيَّةِ رَبِّهِمْ

57} *Azaaba Rabbii sodaatu.

مُشْفِقُونَ ﴿٥٧﴾

58} *Warri qur'aana Rabbii isaanii dhugo'o'omsu.

وَالَّذِينَ هُمْ يَتَّبِعَتِ رَبَّهُمْ يُؤْمِنُونَ ﴿٥٨﴾

59} *Warri Rabbii isaanitti waa hin qix-xeessine.

وَالَّذِينَ هُمْ عَنْ رَبِّهِمْ لَا يَشْكُرُونَ ﴿٥٩﴾

*Warri waa kennu takkaa dalagu,

وَالَّذِينَ يُؤْتُونَ

*Waan kennan, zakkaa tayuu sadaqaa tayuu, waan biraa kan dalagaa gaari'ii tayuu,

مَاءً آتَوْا

*Isaanii qalbiin isaanii nurraa hin qeeb-alamuu sodaattu, sharxiin faan, waan dalaganirraa ir'attee,

وَقُلُوبُهُمْ وَجِلَةٌ

60} *Waan boru gara keenya deebi'anii , waan dalagan ,waan kennan hundarraa gaafatamuu yaadaniif jecha.

أَنَّهُمْ إِلَىٰ رَبِّهِمْ رَاجِعُونَ ﴿٦٠﴾

*Jarri haala dubbannee, takkaa sifa dabarsine saniin beekkame,

أُولَٰئِكَ

*Isaan kheyri'itti jarjaran ,

يُسْرِعُونَ فِي الْخَيْرَاتِ

61} *Isaan warra kheyrii haqa godhatu, isaan warra jannatatti, nama biraa dura dabruu. Rabbiin katabee dabarse.

وَهُمْ لَهَا سَٰئِقُونَ ﴿٦١﴾

*Nuti nama tokkollee hin dirqinu

وَلَا تُكَلِّفُ نَفْسًا

*Waan lubbuun isaa dalaguu dandeess-

إِلَّا وَسْعَهَا

Utti malee, tanaaf jecha namni dhaabbatee salaatu hin dandeenye taa'ati sal-aata, kan soomanuu hin dandeenye ni faxara, tan akka isii hooseftuu, ta-kkaa nama dhukkubsatuu ni faxara,haa tayuu eegasii soomana san, qa-daa baasan,

*Nu bira kitaaba haqa dubbatuutu jira, kan dalagaa nama hundaa, toltu'uu, hamtuu, katabee qabu, takkaa ibsu,

وَلَدَيْنَا كِتَابٌ يَنْطِقُ بِالْحَقِّ

62} *Isaan waa takka hin miidhaman, sawaaba waan gaarii isaan dalagani duraa ir'isu'uun, dilii isaan hin dalaganiif isaan qixaaxu'uun,

وَهُمْ لَا يَظْلَمُونَ ﴿٦٢﴾

*Qalbiin kuffaaraa, qur'aana kana beekhu'urraa duudaa balla'a,

بَلْ قُلُوبُهُمْ فِي غَمْرَةٍ مِّنْ هَٰذَا

*Kuffaarri warri Rabbiin dhageenye , dalagaa,dalagaa mu'minaa hin tayin tan dalagaa mu'minaatin wal dhabdu qaban

وَهُمْ أَعْمَلٌ مِّنْ دُونِ ذَٰلِكَ

63} *Tan isaan lubbuu isaanitiin dalagan, takkaa dalaguudhaa taa'an, tan irratti qixaaxaman, qaban .

هُم لَهَا عَمِلُونَ ﴿٦٣﴾

*Duuba hoggaa matootii isaann warra qanani'ii qabnee qixaan'e ,

حَتَّىٰ إِذَا أَخَذْنَا مُتْرَفِيهِم بِالْعَذَابِ

64} *Isaan ni iyyan,ni wuwwaatan, azaaba san jalaa bayu'uuf jecha, haa tayuu sun homaa isaanii hin tam yookaa hin fa yyadu wanni isaanin je'amu:

إِذَا هُمْ يَجْتَرُونَ ﴿٦٤﴾

*Ar'a hin wowwaatinaa,

لَا تَجْتَرُوا الْيَوْمَ

65} *Isin nurraa hin dhowwamtanii, namni azaaba keenya jalaa isin baasu hin jiruu gaafni akkas isaanin je'amu gaafa du'ani, takkaa qiyaarna'a.

إِنَّكُمْ مِنَّا لَا تُنصِرُونَ ﴿٦٥﴾

*Isin tanaan dura aayaanni qur'aanaa isinirratti qara'amuu turte, waan isiin jettu dhagayuu turtan,

فَكَانَتْ ءَايَاتِي تُتْلَىٰ عَلَيْكُمْ

66} *Duuba waan isun jettu diddaniiti iimaanarraa gara galtan if duuba deebitan {tankisguun تَكْصُونَ} jechuun if duuba deebitan jechu'u.

فَكَثُرَ عَلَيْكُمْ تَكْصُونَ ﴿٦٦﴾

*Isinii sababaa qur'aanatiin amanu'urraa if guddisu,

مُسْتَكْبِرِينَ بِهِ

*Kan halkan bakka wal geessanii haasooytanitti,

سَمِيرًا

67} *Qur'aana arrabsitan, nabi Muhammad waan hamtu'uun dubbattan

تَهْجُرُونَ ﴿٦٧﴾

*Si qur'aana nabi Muhammad ergamaa Rabbii tayuu beysisu gad qabanii hin laallee,

أَفَلَمْ يَدَّبَّرُوا الْقَوْلَ

68} *Si wanni amanuu didaniif waan ab-

أَمْ جَاءَهُمْ مَا لَمْ يَأْتِ ءَابَاءَهُمُ الْأَوَّلِينَ ﴿٦٨﴾

bootii isaanii warra isaan dura dabretti hin dhufintu isaanitti dhufee? Dubbiin waa akkasii miti, akka ergaan Rabbii ummata isaan dura dabretti dhufree, kitaaba Rabbiin ergamoota sanirratti buuse beekhanii jirani, ergamaan keenya Muhammadis akka isaanitii waa baasaa miti waan hin jirree mitii.

69} *Si ergamaa isaani beekhuu dhabu'uf hin beynu je'anii itti amanuu, takkaa dhugo'oomsuu.didanii ? Dubbiin waa akkasii miti, isaan akka nabi Muhammad nama guutuu taye, odoo hin ergamin beekhanii.

أَمْ لَمْ يَعْرِفُوا رَسُولَهُمْ فَهُمْ لَهُ مُنْكَرُونَ ﴿٦٩﴾

*Si maraatu'uutu Muhammaditti jira je'aniiti itti amanuu didanii? dubbiin akka isaan je'anii miti, akka wanni ergamaan keenya Muhammad je'uufii wanni inni dalagu waan maraatan dalagu hin tayin, ni beekhanii,

أَمْ يَقُولُونَ بِهِ جِنَّةٌ ۚ

*Haqa yoo taate.nabi Muhammad haqaan isaanitti dhufe,qur'aana towhgiidafii shari'aa qabuun isaanitti dhufee .

بَلْ جَاءَهُم بِالْحَقِّ

70} *Irra hedduun isaanii haqa jibbaa, qajeelloo dhiiseti jallina filataa tanaaf amanuu didan malee, waa nabi Muhammad wallaalafii miti, takkaa maraataa jecha'aafii miti, akka inni akkas hin tayin ni beekhanii.

وَأَكْذَرَهُم لِلْحَقِّ كَذِبُونَ ﴿٧٠﴾

*Odo qur'aanni jaalala nabsee isaanii jala deemee, waan isaan fedhaniin itti dhufee, wanni isaan fedhan Rabbiin tokkoo mitii heddu'u jechu'u,

وَلَوْ اتَّبَعَ الْحَقُّ أَهْوَاءَهُمْ

*Silaa sarni'iifii dachiin ni baddi,

لَفَسَدَتِ السَّمَوَاتُ وَالْأَرْضُ

*Ammallee wanni isaan lamaan keessa jiru hundi ni baddi, waan Rabbiin hedduun sun wal diduu hin oollef, tokko nan argamsiisa je'ee, kuun nan dhabamsiisa je'ee, duuba sami'iifii dachiin haala haala tokkorratti hin teessu,

وَمَنْ فِيهِنَّ ۚ

*Dhugumaan qur'aana guddina isaan qabuun isaanitti dhufnee,

بَلْ آتَيْنَاهُمْ بِذِكْرِهِمْ

71} *Isaan guddina isaanirraa gara galan

فَهُمْ عَنْ ذِكْرِهِمْ مُعْرِضُونَ ﴿٧١﴾

*Si yaa ergamaa kiyya, diin isaan barsiisu'urratti, horii isaanirraa barbaaddaa? kan sanii je'anii, itti ulfaatee, sitti ama-

أَمْ تَسْأَلُهُمْ خَرْجًا

nuu, takkaa si dhugo'oornsuu didaniif,
ati san isaanirra hin barbaaddu,
*Sawaaba Rabbiin diin barsiisu'urratti
sii kennuutu, rizqii inni sii hiruutu,
*Irira siif caala,

فَخَرَّاجُ رَبِّكَ

خَيْرٌ

72} *Rabbiin irra caalaa nama waa namaa kennuutii maalif ? Rabbiin waa barbaadaf waa namaa hin kennu , namni biraa waa barbaadaf, waa namaa kennaa, sawaaba tayuu waan biraa tayuu.

وَهُوَ خَيْرُ الرَّزَاقِينَ ﴿٧٢﴾

*Ati dhugumaan kuffaara, takkaayuu nama, yaamta,

وَإِنَّكَ لَتَدْعُهُمْ

73} *Gara karaa qajeela'aa, kan jannatatti nama geessutti yaamta, sun islaamaa.

إِلَى صِرَاطٍ مُسْتَقِيمٍ ﴿٧٣﴾

*Warri aakhiraan, yookaa guyyaan qiyaama'aa ni dhufaa hin yaanne ,kanneen qabri'ii kaafamneeti,gaafatamnee, sawaaba waan gaarii dalaynee.qixaaxa waan hamtuu dalaynee, mudannaa hin dhugo'oomsine

وَإِنَّ الَّذِينَ لَا يُؤْمِنُونَ بِالْآخِرَةِ

74} *Karaa qajeela'orraa maqee, jallatee, karaa azaaba qajeele.

عَنِ الصِّرَاطِ لَنُنَكِبُوكَ ﴿٧٤﴾

*Odo warra kafare, kan balaa beelaafa'aaan mokkorre saniif rahgmata goonee

وَلَوْ رَحِمْنَاهُمْ

*Balaa isaanitti buufue isaanirraa deemsifnee,

وَكَشَفْنَا مَا بِهِمْ مِنْ ضُرٍّ

*Silaa jallina keessa jiran keessa fagaatan Rabbiitu nurraa deemsisee beekhanii, amananii galata isaan galchanii,

لَلْجُودِ فِي طُغْيَانِهِمْ

75} *Jallina isaanii keessa deddeebi'an dhama'anii.

يَعْمَهُونَ ﴿٧٥﴾

*Dhugumaan kuffaara makkaa, kan nabi Muhammad kij ibsiise, azaaban qabne, abaar itti buufnee, kan bara torba isaaniirra taa'e, haa adabatani'iif,

وَلَقَدْ أَخَذْنَاهُمْ بِالْعَذَابِ

*Duuba isaan hin laafne, badii teenya argeeti, Rabbiin balaa nutti buuse je'anii, gara Rabbii isaanii hin deebine, dubbii

فَمَا اسْتَكَانُوا لِلرَّيْبِ

isaa hin dhageenye,
76} * Ammallee yaa Rabbi balaa tana

وَمَا يَنْضَرَعُونَ ﴿٧٦﴾

nurraa deemsisi je'anii Rabbi hin khadhatanii, jallina isaanii itti fufan, isaan durillee gara Rabbi hin deebinee, amma boodallee gara isaa hin deebi'an jechu' .

*Hanga hoggaa hulaa,

حَتَّىٰ إِذَا فَتَحْنَا عَلَيْهِم بَابًا

*Azaaba jaba'aa itti bannu, sun azaaba guyyaa lola badriitii,takkaa azaaba guyyaa qiyaama'aatii,

ذَا عَذَابٍ شَدِيدٍ

77} *Isaan guyyaa san keessa kheyrii yookaa waan gaarii argatu'urraa garaa muratanitti waan waytiin dalagaa gaarii dalagatan isaan dabarteef.

إِذَا هُمْ فِيهِ مُبْلِسُونَ ﴿٧٧﴾

*Rabbiin isa kan dhageytii {gurra} isinii uume,

وَهُوَ الَّذِي أَنْشَأَ لَكُمُ السَّمْعَ

*Kan argaa {ija} isinii uume

وَالْأَبْصَرَ

*Kan onnee isinii uume, akka humna tanaan waa barattaniif,akka galata isaa galchitaniif,

وَالْأَفْئِدَةَ ۗ

78} *Haa tayuu galanni isin Rabbiif galchitan waa xiqqo.

فَلَيْلًا مَا تَشْكُرُونَ ﴿٧٨﴾

*Rabbiin galata isaaf galchuu haqa godhatu, isa dachii tanarratti isin uumee, waan isin itti haajamtan hunda isinii uume, {zhara'a} jechuun: uumee jechu'u,

وَهُوَ الَّذِي ذَرَأَكُمْ فِي الْأَرْضِ

79} *Eega duutanii, kaafamtaniiti, gara isaa deebitan takkaayuu walitti qabamtan

وَالِيَهُ تَحْشُرُونَ ﴿٧٩﴾

*Rabbiin isa, isiniin jirre, garaa haadha teessanii keessatti,lubbuu isinitti afuufee , isin jiraachise,

وَهُوَ الَّذِي يُحْيِي

*Rabbiin kan waan fedhe ajjeesu, lubbuu keessaa fuudhuudhan,

وَيُمِيتُ

*Halkaniifii guyyaan , wal dhabuun, kan Rabbiiti, isaatu halkanii guyyaa adda godhe, halkan gurraachomsee, guyyaa add-eessee, saa'aa isaanii wal dabarsee, gaa-

وَلَهُ أُخْتَلَفُ اللَّيْلِ وَالنَّهَارِ ۗ

fin kana dheeressee, kaan gabaabsee,
80} *Si dalagaa Rabbii tana ayli'iin laalt-
anii hin gorfamtaniinii,itti amantanii ga-
ra isaa deebi'uu hin yaaddanii?

أَفَلَا تَعْقِلُونَ ﴿٨٠﴾

81} *Isaan itti amananii, gara isaa de-
ebi'uu yaaduu dhiisaniiti, waan kuffaarri
isaan duraa jete, je'an,

بَلْ قَالُوا مِثْلَ مَا قَالَ الْأَوَّلُونَ ﴿٨١﴾

*Wanni isaan je'an:

قَالُوا

*Si hoggaa duunee,

أَيَّدَا مِمَّنَّا

*Biyyee taane, ammallee lafee taane,

وَكُنَّا تُرَابًا وَعِظْمًا

82} *Eegasii nuti jiraachifamnee, qabri'ii
kaafamnaa? hin kaafamnu je'an.

أَيُّنَا لَمَجْعُوثُونَ ﴿٨٢﴾

*Ni kaafamtanii amma muhammad nu
un je'u kana anbiyoonni isa duraatis ab-
bootii teenyan isa dura je'ee jira ,

لَقَدْ وَعَدْنَا نَحْنُ وَءَابَاؤُنَا هَذَا مِنْ قَبْلُ

83} *Eega duutanii qabri'ii kaafamtaniin
isaan je'an kun kijiba warra duri malee
,waan dhuga'aatii miti, duuba Rabbii du-
bbii kaafarnu'uu isaan fudhachiisu'uu je-
cha akki nabi Muhammadiinje'e

إِنَّ هَذَا إِلَّا أَسَاطِيرُ الْأَوَّلِينَ ﴿٨٣﴾

*Wanni orma kuffaaraa saniin jettu, si
dachi'iifii wanni dachii keessa jiru, kan
eenyuti? eenyuti uumee, eenyutu dubbii
isi'ii oofa?,

قُلْ لِمَنِ الْأَرْضُ وَمَنْ فِيهَا

84} *Mee yoo kan waa beytan taatan,
naa odeessaa? mee nama waan san
uumee qabu, naa himaa? ji'iin.

إِنْ كُنْتُمْ تَعْلَمُونَ ﴿٨٤﴾

* je' isaan Wanni sii Deebisu'uu jiraatan

سَيَقُولُونَ لِلَّهِ

dachi'iifii wanni isii keessa jirta Rabbiitii, isaatu uumee, isaatu qaba je-
chu'u, kana malee deebisaan biraa hin jirtuu, akkana jechuun isaanii,
waan ayliin itti dirqituu,

85} *si eega kana betanii maalif hin gorfam-
ne? maalif ,Rabbiin waan san jalqabee
uumee , eega isiin duutee deebisee uumuu,
ni dandayaa hin eehamne?

قُلْ أَفَلَا تَذَكَّرُونَ ﴿٨٥﴾

*Ammas namni samii turban uume qabu ,eenyuji'iin?

86} *Eenyu namni kgarshii waan Rabbiin uume hundarra guddo'oo, tan amma malaa- ykan afur ba'attu uumee qabu? ji'iin.

*Wanni isaan siif deebisu'uu jiraatan kan waan san uumee qabu Rabbi jechu'u, 87} *si eega kana beytanii, Rabbi san, soda- attanii ,waan isan tayin gabbaruu dhiiftanii amantanii? ji'iin.

*Eenyu namni handhurraan, yookaa qabe- nyi waa hundaa harka isaa jiru?,

*Kan nama isatti dheyse tiysu,

*Kan namni, nama inni qixaaxuu fedheef dirmatee, qixaaxa isaa jalaa isa baasu, hin jirre,

88} *Mee yon kan san beytan taatan, naa odeessaa j i'iin.

*Qabeenyi waa hundaa, waan Rabbii waan fedhe dalaguuti siin je'uudhaa taa'anii,

89} *Duuba akki jettuun eega kana beytanii

eega Rabbiin kophaa isaati waa hunda qabaa, namni isaan wajji qabu hin ji- ruu beytanii, akkamitti isa qofa ibaadu'urraa gortanii, waan biraa ibaaddan? Takkaa gabbartan? akkamitti dagamtanii, odo beytanuu haqarraa mayxan? Akkamitti waan biraa ibaadu'utti falfalamtan ? akkamitti Rabbii tokkicha iba- adun waan hin taane tayuun, isinitti fakkeeffamee, Rabbii tokkicha ibaadu u yookaa ehamuu diddan? ji'iin .

*Dhugumaan waan dhugaaatin orma ku- ffaaraa sanitti dhufnee, Rabbiin tokkoo , hi- riyaan qabuu, guyyaa qiyaama'aa kaafam- u'uuf jiraattan jennee isaan beysifnee,

90} *Isaan Rabbiin shariika, yookaa hiriya qaba ilmoo qabaje'anii, waan Rabbiin je'u diduu, keessatti, kijiboota halfii yaasan, kij- iba je'an

*Rabbiin ilmoo hin godhanne, namaafii malaayka'arralle'ee maalif ilmoo qabaatu'u-

قُلْ مَنْ رَبُّ السَّمَوَاتِ السَّبْعِ

وَرَبُّ الْعَرْشِ الْعَظِيمِ ﴿٨٦﴾

سَيَقُولُونَ لِلَّهِ

قُلْ أَفَلَا نُنْقِزُكَ

قُلْ مَنْ بِيَدِهِ مَلَكُوتُ كُلِّ شَيْءٍ

وَهُوَ يُحْيِيهِ

وَلَا يُجَارُ عَلَيْهِ

إِنْ كُنْتُمْ تَعْمَلُونَ ﴿٨٨﴾

سَيَقُولُونَ لِلَّهِ

قُلْ فَأَنِّي نَسَحَرُونَ ﴿٨٩﴾

بَلْ أَتَيْنَهُم بِالْحَقِّ

وَأَنَّهُمْ لَكَذِبُونَ ﴿٩٠﴾

مَا آتَخَذَ اللَّهُ مِنْ وَلَدٍ

tti haaja'aatu nama geessaa, wanni uumame hundi gabroottan isaatii Rabbiin dureessan haajamnee,

*Rabbiin hiriyaan hin qabu, Rabbiin akka isaa, isaan wajji hin jiru

*Odoon Rabbiin biraa Rabbiin wajji jiraatee, tokko samii uumee, tokko dachii uumee

*Silaa Rabbiin hundi waan uumen, kophaa bayateeti, Rabbiin kaan irraa dhowwata,

*Silaa gariin isaanii gari'irratti baya akkuma matoota addunyaadhaa kanaa,

*Rabbiin qulqullaaye,

91} *Waan isaan hin malle, kan isaan je'an hundarraa .

*Inni kan waan namarraa fago'oo beekhu,

*Kan waan dhiyoo jiru, kan mul'atu beekhu

92} *Rabbiin waan kuffaarri itti qindeessurraa ol taye, qulqullaaye.

93} *Yaa Rabbi, yoo azaaba kufaarattin buusa jettee baallama seente buuftee, na garsiifte, kan akka lola badrii.

94} *Yaa Rabbi warra kafaree ifmiidhen wajji nan godhin, akkan isaanin wajji hin banneji'i.

95} *Nuti azaaba isaanitti buufua jenn ee, baallama seenne san, isaanitti buusuu ni dandeenyaa, wanni isarraa nu dhoowwu hin jiruu.

*Haala gaari'in haala hamaa deebisi nama sitti balleesef dhiifama godhu'uun, yookaa dhiiftee irraa gara galu'uun,

96} *Nuti waan isaan kijiban ni beynaa, jazaa isaanii galchinaa.

*Wanni jettu: yaa Rabbi kiyya, sittin maganfadhha hoggaa hunda,

وَمَا كَانَ مَعَهُ مِنْ إِلَهٍ

إِذَا

لَذَهَبَ كُلُّ إِلَهٍ بِمَا خَلَقَ

وَلَعَلَّا بَعْضُهُمْ عَلَى بَعْضٍ

سُبْحَانَ اللَّهِ

عَمَّا يَصِفُونَ ﴿٩١﴾

عَلِيمِ الْغَيْبِ

وَالشَّهَادَةِ

فَتَعَالَى عَمَّا يُشْرِكُونَ ﴿٩٢﴾

قُلْ رَبِّ إِمَّا تُرِيدُنِي مَا يُوعَدُونَ ﴿٩٣﴾

رَبِّ فَلَا تَجْعَلْنِي فِي الْقَوْمِ الظَّالِمِينَ ﴿٩٤﴾

وَأَنَا عَلَى أَنْ تُرِيكَ مَا نَعِدُهُمْ لَقَدِرُونَ ﴿٩٥﴾

أَدْفَعْ بِأَلْتِي هِيَ أَحْسَنُ السَّيِّئَةِ

نَحْنُ أَعْلَمُ بِمَا يَصِفُونَ ﴿٩٦﴾

وَقُلْ رَبِّ أَعُوذُ بِكَ

97} *Waswaasa sheyxaanarraan, balaa isaanirraan, sitti maganfadhagaa

مِنْ هَمَزَاتِ الشَّيْطَانِ ﴿٩٧﴾

98} *Yaa Rabbii kiyya, sheyxaanni dalagaa

وَأَعُوذُ بِكَ رَبِّ أَنْ يَحْضُرُونِ ﴿٩٨﴾

tiyyatti dhufu'urraa, na tiysu'uun, sirra barbaada, ji'ii Rabbi khadhu, nabi Muhammad wanni sheyxaanarraa maganfatu'utti ajajameef ,ummata isaa barsiisu'uufi, akkuma nabiin hoggaa hunda Rabbitti dheesuu mul'isu.

*Hanga hoggaa nama kuffaaraa tokkotto duuti dhuftee, mana isaa kan azaaba keessaa argee, akkasuma mana isaa kan jannata keessaa kan sababaa kafaru'utin dhabe arge,

حَتَّىٰ إِذَا جَاءَ أَحَدَهُمُ الْمَوْتُ

99} *Wanni je'e: yaa Rabbii kiyya addunya'attina deebisi.

قَالَ رَبِّ ارْجِعُونِ ﴿٩٩﴾

*Akkan waan gaarii dalagu {Iaa ilaaha illaahu muhammadun rasuulullaahi} je'ee,

لَعَلِّي أَعْمَلُ صَالِحًا

*Bakka waan hamtuu duraan dalagee umrii tiyya itti fixee waan gaarii dalageetan jannata seenaa addunya'atti na dee bisi je'a ,

فِيمَا تَرَكْتُ

*Rabbiin wanni je'een : lakkii deebin hin jirtuu,

كَلَّا

*Yaa Rabbi na deebisiin inni je'u

إِنَّهَا

* Jecha inni je'u ,kan faa'idaa hin qabne

كَلِمَةٌ هُوَ قَائِلُهَا

kan akkana je'uudhan addunya'atti hin deebine, wanni isaanifii addunya'atti deebi'uu jidduu jiru , kan deebi'uudharraa isaan dhoowwu, du'a, namni du'e addunya'atti hin deebi'u, qaama isaatin ammoo ruuhgin ni deebiti, yookaa fakkiiin isaa kan manaama fa'aan argan ,

*Fuula isaanii dura,

وَمِنْ وَرَائِهِمْ

*Dallayaatujira, {barzakh} jechuun yaroo du'aafii guyyaa qiyaama'aa jidduu jirtu takkaa qabruma, warri qabri'ii addunya'aafii aakhiraa jidduu jiraa, addunya'attin hin deebi'an ,

بَرْزَخٍ

100} *Hanga qiyaaman dhaabbatee, qabri'ii kaafamanitti ,eegasille'ee, addunya'atti hin deebi'an .

إِلَىٰ يَوْمٍ يَبْعَثُونَ ﴿١٠٠﴾

*Hoggaa garriin duraa takkaa lammaysa'aa afuufamte

فَإِذَا نَفَخَ فِي الصُّورِ

*Guyyaa san, firummaan walittiin dhaad-datan, isaan j idduu hin jirtu,

فَلَا أَنْسَابَ بَيْنَهُمْ يَوْمَئِذٍ

101} *Haala walii, wal gaafatuun isaan

وَلَا يَتَسَاءَلُونَ ﴿١٠١﴾

jidduu hin jirtu, narnuu cinqii lubbuu isaa malee, nama biraa irraanfachiiftee haalli qiyaama'aa wal dhaba, bakka gari'itti haala walii, wal hin gaafatan, ammoo bakka gari'itti wal gaafatan, bakkeen, takka, tan itti wal hin gaafanne, hoggaa garriin duraa afuufarnte, waan hoggaa isiin afuuf arnte namuu dhumuuf jecha.. guyyaa qiyaama'aa dalagaan namaa ni miizaananti mataan dalaga'aa, takkaa sawaabni isi'ii .

*Duuba namni dalagaa gaari'in, miizaanni isaa ulfaate .

فَمَنْ ثَقُلَتْ مَوَازِينُهُ

102} *[saan warra milkaaye.

فَأُولَئِكَ هُمُ الْمُفْلِحُونَ ﴿١٠٢﴾

*Namni miizaanni isaa haffallate, yookaa saphalate, diliin irraa heddormmaattee,

وَمَنْ خَفَّتْ مَوَازِينُهُ

*Isaan warra bade, kan lubbuu ifii galaafatee,

فَأُولَئِكَ الَّذِينَ خَسِرُوا أَنفُسَهُمْ

103} *Isaan ibidda jahannam keessa . zalaal-amii taa'an

فِي جَهَنَّمَ خَالِدُونَ ﴿١٠٣﴾

*Ibiddi jahannam fuula isaaniti guba , {ta-lfahgu} jechuun . gubiinsa jabaa jechu'uu

تَلْفَحُ وُجُوهَهُمُ النَّارُ

104} *Isaan ibidda keessatti hidhiin isaanii tan gubba'aa ol godhatteeti, dheerattee mataa geessi, ammoo hidhiin jalaa, gad dheeratteeti, handhura geessi hanga ilkeen qullaa taatee, mul'a tutti

وَهُمْ فِيهَا كَالِحُونَ ﴿١٠٤﴾

*Wanni isaanin je'amu, si qur'aanni kiyya isinirratti qara'amuu hin turree? kan azaaba aakhira'aa isin sodaachisu,

أَلَمْ تَكُنْ أَعْيَتِي تَتْلَىٰ عَلَيْهِمْ

105} *Kan ibiddi aakhira'aa hin jiru jettanii khijibsiifan

فَكَنتُمْ بِهَا تُكذَّبُونَ ﴿١٠٥﴾

*Duuba wanni isaan je'anii deebisan yaa Rabbii kheenya nu injifatte nurra aante,

قَالُوا رَبَّنَا غَلَبَتْ عَلَيْنَا

*Hoongummaan ,yookaa badiin teenyaa

شِقْوَتَنَا

106} *Nutu warra haqarraa jallate tayu-

وَكُنَّا قَوْمًا ضَالِّينَ ﴿١٠٦﴾

uturree

*Yaa Rabbii keenya ibidda kanarraa nu baasi, badi'itti hin deebinuu,

* Ammoo yoo badi'itti deebine,

رَبَّنَا أَخْرِجْنَا مِنْهَا

فَإِن عُدْنَا

107} *Nuti gaafas warra cubbuu dalagee if miidhee, nu gubi .

فَإِنَّا ظَلِمْنَا

*Duuba Rabbiin akki je'een ibidda keessaa fagaadhaa, maal irraa baatanii mitii,

108} *Amma eegu ibiddarraa nu baasi jettanii nan dubbisinaa, isin ibidda kana haqa godhattanii.

قَالَ أَحْسَبُوا فِيهَا

وَلَا تُكَلِّمُون

*Maalif orma tokkootu kan gabroottan kiyyaa jiraachuu ture {isaan muhaajirootaa}

*Kanneen yaa Rabbi amannee

إِنَّهُ كَانَ فَرِيقٌ مِّنْ عِبَادِي

يَقُولُونَ رَبَّنَا إِنَّنَا

*Dilii nuu araaramii nuu rahgmata,

فَاعْتَرَفْنَا لِكَرَمِكِنَا

109} *Ati irra caalaa warra rahgmata namaa godhuutii je'an.

وَأَنْتَ خَيْرُ الرَّاحِمِينَ

*Duuba isin isaan tuffatuu turtan

فَأَخَذْتُمُوهُمْ سِحْرِيًّا

*Hanga zikrii tiyya irraanfattanitti takkaa dhiifanitti, isaanuma xiqeesu'uu, jaatanii godhu malee,

حَتَّىٰ أَنْسَوَكُمُ ذِكْرِي

110} *Isaanitti kofluu turtan

وَكُنْتُمْ مِنْهُمْ تَضْحَكُونَ

*An ar'a jara isin tufattan san qanani zalaalarni'ii kenneefii qananiise,

إِنِّي جَزَيْتَهُمُ الْيَوْمَ

*Waan isaan roorroo teessanirratti obsaniif,

بِمَا صَبَرُوا

111} *Isaan isaanuma warri milkaaye kan waan fedhu argate,

أَنَّهُمْ هُمُ الْفَاسِقُونَ

*Rabbiin orma kufaaraa saniin akki je'e

قُلْ

*Hangam takka dachi'irra teessan, hangam qabrii keessa teessan?,

كَمْ لَبِثْتُمْ فِي الْأَرْضِ

112} *Lakkooyi baraa'in yoo laaltan je'een.

عَدَدَ سِنِينَ ﴿١١٢﴾

* Jennaanin guyyaa tokko teenye

قَالُوا لَيْتَنَا يَوْمًا

*Takkaa cinaa guyya'aati teenyee,

أَوْ بَعْضَ يَوْمٍ

113} *Warra waa lakkaayu, malaaykaa dalagaa namaa katabdu gaafadhu, je'an .

فَسَتَلِ الْعَادِينَ ﴿١١٣﴾

*Rabbiin akki je'een: karaa afaan malaayka-a'atin

قَتَلَ

*Isin waa xiqqo malee hin teenye,

إِنْ لَيْتُمْ إِلَّا قَلِيلًا

114} *Odoo silaa waan waa beytan taatanii wanni isin addunya'aafii, qabrii keessa teessan, yoo bara isin azaaba ibidda keessa taa'uudhaa jiraattaniin, wal maddii qabnee laalle , waa xiqqo,

لَوْ أَنَّكُمْ كُنْتُمْ تَعْلَمُونَ ﴿١١٤﴾

*Si wallaalaf seetanii?,

أَفَحَسِبْتُمْ

*Waan taphaaf isin uumnee seetanii ? kan hgikmafaa isin hin uumin ,

أَنَّمَا خَلَقْنَاكُمْ عَبَثًا

115} *Akka duutanii gara keenya hin deebi-

وَأَنَّكُمْ إِلَيْنَا لَا تُرْجَعُونَ ﴿١١٥﴾

ne seetanii? hin seyinaa, wanni isin uumef wahitti isin dirqinee, wahirraa isin dhowwu'uufi, dubbii tiyya ni dhageessanmoo hin dhageessanii laalu'uufi, ammon eegasii gara keenya deebitanii, waan isin dalayd anirraa isin gaafannee nama gaarii dalage jannata seensifnee, kan hamtuu dalage azaaba seensifna .

*Rabbiin taphaafii, waan isaan hin malle hundarraa qulqullaaye ol taye,

فَتَعَالَى اللَّهُ

*Mootii haqaa kan mootummaa isaa keesatti waan fedhe dalaguun isaaf haqaa argamsiisu'uufii .dhabamsiisu'uun mm kan waa hunda oliiti,

الْمَلِكُ الْحَقُّ

*Kan isa malee Rabbiin biraa hin jirre,

لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ

116} *Rabbiin arshii waa hundarra guddoo'oo uumee qabu, arshii bareedduu.

رَبِّ الْعَرْشِ الْكَرِيمِ ﴿١١٦﴾

*Namni Rabbiin wajji, Rabbi biraa gabbaru

وَمَنْ يَدْعُ مَعَ اللَّهِ إِلَهًا آخَرَ

*Waan ragaa ittin qabne, kan hagan tayin gabbara,

* Jazaan isaa, qixaan'i isaa,

*Rabbii isaa bira isaaf jira,

117} *Kaafirri hin milkaayuu, waan fedhu hin argatuu

*Yaa Rabbi mu'minaaf araaramii rahgmata isaanii godhi,

118} *Ati irra caala, nama rahgmata namaa godhuutii. araaramni dilii namaa dhiisu, rahgmanni san booda darajaa na maa kennuu, takka waa namaa kennuu .

لَا بُرْهَانَ لَهُ بِهِ

فَأِنَّمَا حِسَابُهُ

عِنْدَ رَبِّهِ

إِنَّهُ لَا يَفْلِحُ الْكَافِرُونَ ﴿١١٧﴾

وَقُلْ رَبِّ اغْفِرْ وَأَرْحَمَ

وَأَنْتَ خَيْرُ الرَّاحِمِينَ ﴿١١٨﴾